

Hawaan kiisii koo keessa

Kuwezaarota
Fi Jaafoowwan kan
biroo




Grażyna Stasińska

Buufata Qorannoo

Hawaa Paaris

3C405




Gara Bita Suuraa
Maddoota Radiyoo
Hawa keessatti
argaman keessaa isaa
baayee ifa fi Ammaya'aa:
3C405.

Mirga: Telesko
oppii Hawaa
fakkii ifaa
mul'atu kan.




3C31



Cygnus A, Gaalaksi
Gidduu laman xuqaa
Geengawaa (lobes)
raadiyoo 3C405 ti
argamuu fi
Kuweezaroota kan
keessumesaniidha.

Bitaa:
madda
raadiyoo
3C31.

Mirga:
Gaalaksii NGC 383,
bakka raadiyoo Xuqaa
geengawwaa 3C31
irraa maddan.



2

Argannoo kuwezarootaa


Kuwezarootnii Hanga fedhe samii
keessatti baay'ee ifa ta'anus, erga
argamanii waggoota 60 qofadha.
yeroo sanatti maddoota hawa/samii
hedduu keessaa, dambaliwwaan
raadiyoo hedduun worabamanii turan.
Qorattonii hawaa, Maddoota Raadiyoo
waliin kan Mul'atan ifa Mula'ata
argachuuf yemmuu yaalaniti, Gidduu
galleessii Kutaa maddoota Raadiyoo
baay'ee dheeraa, Urjiilee kan fakkatan
wantoota halluu cuqullisaan akka
qabaman bira gahanii turan
Ispeektiraan Wantoota kunneeni
yemmuu ilaalamani baay'ee
Fagoo(Galaaksii keenyan ala,
Gaalaksota baay'ee beekamoo caala
fagoo kan ta'an) fi isaan urjiilee kan
hintaaeedha. isaan Moggasaa Maqaa
Kuweezaroota kan fudhatan
(Fakkatoota Urjiileti)

3



Fakkii walmakaa NGC 4261. Bitaa: Raadiyoo xuqaa Geengawaa/lobes(Dheerina Bara ifaa 200,000 kan qabu) haalluu Kelloo ykn Burtukanawaa yoo ta'uu fakkiin Optikalaa Galaaksiicha garuu adiidha.

Mirgaan: Fakkii Teleskooppii Hawaa Haabil kan Naannoo giddu galleessa, Awara Geengawaa bara ifaa 400 qaxxaamuree agarsiisi.



Fakkii walmakaa Fuuurraa/Jets 3C273 (Bara ifa 100,000 dheeratu) X-Ray (Cuqullisa), ifa mul'ata (magariisaa) fi infrared (diimaa) teleskooppii hawaa Chaandraa, Haablji fi Ispitzartii hojjetame. 4

Diskiiwwan, furuurawwan fi wantoota biroo

Qoratoonii Hawaa wantoota Teleskooppii lafa irrattiin mul'achuu hindandeenyee Teleskooppii Hawaa Habiliiin ilaaluu danda'u.

Hamma iddo, Furuurii raadiyoo irraa Maddan bocawwaan Gaalaksotan adda baasuu ni dandeenyaa.


Diskiiwwan Awaraa qaban kutaa giddugaleessaa kanneen dhiyoo jiran keessatti mul'atu. Yeroo tokko tokko, 'Furuurra' optikaalaa niwukilasii galaaksiirraa fagaatanii akka akeeku mul'atu.

Teleskooppiiwwan X-reeyii akka agarsiisanitti kuwezarootaa fi galaaksiiwwan isaan waliin walqabatan madda X-reeyii ifaa ta'uu isaaniiti.

Haata'u malee, Adeemsa keessaa qoratoonii Urjiilee wantoota amala kuwaasrootaa wajjin wal fakkaatu qaban garuu dambalii raadiyoo hin baasne hedduu argataniiru. Isaan kun radio-quiet quasars jedhamu. 5

Qaama Kuwezaaraa

Gara kofoo
raadiyootti
Hurriwwa
an
xiqqaalee



Boolli gurraacha supermassive (radius 1 light-hour) diskiindaballii haphiif iho'aa (radius 1 light-month) boolla gurraachaaf boba'aata'een marfameejira. Diskichi raadiyaashiniin kan baasuyoota'u kunis duumessa gaazii ollaajiran waliin wal-nyaata.

Diskiin kun gilgaala cooma qabuu fidafqa qabukan raadiyaasi wagga ifa 1000 qabu waliin wal qunnamssiisa. Yoo gingilchaan dafqa qabu qarqara-on ta'e, diskiin daballii mul'achuu irraa dhokata.

Jeettooni/Furruurootnii paartiikilli saffisaa qaawwa gurraacha irraa kan maddanyoota'u, diskiin daballii irratti perpendikulaariidha. Xumura irrattis loobii raadiyoo, hanga wagga ifa miliyoona tokkootti guddatu.

Akkaataa Kuweezarootni itti hojjetan

Akkaataa idileetti, kuweezaroonni sekondii tokkotti anniisaa hanga galaaksi 1000tti balaqqeessa'u, garuu naannoo galaaksi tokko irraa dachaa miliyoonaan xiqqa ta'e irraa. Kun akkamitti ta'uu danda'a? Ifatti ka'umsi raadiyaashinichaa urjii ta'uu hin danda'u.

Amma kuwaasaroonni wiirtuu isaanii keessatti boolla gurraacha baay'ee guddaa ta'e, kan wantoota naannoo isaanii jiru hunda hawwatu akka keessummeessan fudhatama argateera. Dubbiin kun boolla gurraacha keessatti osoo hin kufin dura gara 'accretion disk' tti gadi naanna'ee, achitti gara ho'a baay'ee olka'aa ta'etti ho'ifamee ifa altiraavaayoleetii fi X-reeyii uuma. Boolli gurraacha baay'ee guddaa ta'e caalaatti ifa qaba.

Raadiyeeshiniin kun gaasi naannoo isaa jiru waliin wal-nyaata, kunis ispeektaroota amala kuwaasrootaa qaban uuma.



Kuwaasaroota baayyee fagoo jiran argachuuf yaaluun hojii barbaachisaa ta'us ulfaataadha.

Suuraan kun kan uumame daataa qorannoo Sloan Digital Sky Survey fi UKIRT Infrared Deep Sky Survey kan jedhaman lamaan irraa kan fudhatame irraati.

Kuwaasartoa hanga ammaatti beekamaa ta'e isa fagoo ta'e, ULAS J1120+0641 (madda diimaa laafaa sararoota adii lamaaniin agarsiifame) akka argamu hayyame.

Kuwaasar maddoota biroo irraa kan adda baasu halluu qofti yoo ta'u, irra caalaan isaanii urjiilee idilee galaaksii mataa keenyaa keessa jiranidha.

Waan nuti hin hubanne

Ammallee waa'ee kuwaasarootaa gaaffiwwan barbaachisoo furmaata argachuu qaban hedduutu jiru.

Tarii gaaffiin hunda caalaa barbaachi-saa ta'e akkamitti boolli gurraacha super-massive uumame kan jedhu ta'u danda'a.


Kuwaasaroонни баау'е ifa waan qabaniif fageenya баау'е guddaa irratti adda baafamuu kan danda'an yoo ta'u, ifni isaan irraa dhufu nu bira ga'uuf yeroo dheeraa fudhata. Ifni kuweezarii isa fagoo irraa argannu, ULAS

J1120+0641, Dhoowinsa Guddaa(Big Bag), waggoota miliyoona 800 booda kan ba'edha. Yaad-hidda-mootni hedduun akkamitti boolli gurraacha ulfaatina Aduu dachaa biliyoona lama qabu erga Hawaan Uummee booda saffisaan uumamuu akka danda'u ibsuuf yaalu.



NGC 1068, galaaksii
Seyfert bara 1943 ibse
keessaa tokko yoo ta'u
amma archetype niwukilasii
galaaksii sochii qabu
jedhamee fudhatama
jechuunis. gosa tokko tokko
kan mini-quasar jedhamanidha.

Fakkii ifa mul'atu Arp220, kan
galaaksii ho'aa (infrared) If-
cimaati. Ifni urjii baay'een isaa
Awaraan/Dust) xuuxamee
infrared keessatti deebi'ee
ba'a. Arp 220 niwukilasii sochii
qabu kan Xiyyooya ifaa X
baasu of keessaa qaba.



Suuraa blazar
HO323+022
teleskooppii ESO NTT
jedhamu fayyadamuuun
lafa irraa argame. Fakkiin
ifa jeettii irraa dhufuun
ol'aantummaa qaba, kunis
gara nama ilaalutti akeeka.


Gurguddoo garbiroo

Kuwaasaroonni osoo hin argamin dura,
galaaksiawan tokko tokko keessumaa
niwukilasii ifaa fi ispeektaroota hin
baratamne akka qaban duruu beekna
ture. Gaalaaksiawan akkasii galaaksii
Seyfert jedhamuun moggaafaman.

Isaanis gita `galaaksii niwukilasii sochii
qaban' keessaa tokko yoo ta'u, kunis
kuweezarootaa fi blaazaarota of
keessatti qabata. Haala hundumaa
keessatti, boollu gurraacha
giddugaleessaa naannoo isaa irraa
wantoota walitti qaba, garuu
kuwezaroonni baay'ee guddaa fi ifa
guddaa qabu.

Dhiheenya kana, ilaalchi infrared samii
irratti godhame, baay'ina galaaksii
infrared keessatti baayyee ifaa ta'e
garuu kan mul'atu keessatti baayyee
hin argamne mul'ise. Isaan keessaa
hedduun isaanii niwukilasii galaaksii
sochii qaban akka qaban yaadameera.

Qorannoon
Infrared
Survey
Explorer
jedhamu kun wantoota miliyoonaan
lakkaa'aman kanneen kuwaasaroota ta'u
danda'an adda baaseera. Fakkii kana
irratti kaadhimamaa kuwaasaar geengoo
keeloo keessa jiru.



Gaalaaksii guddaa
eeliiptikaalaa NGC
4889, kan boolla
gurraacha baayyee
guddaa (ulfaatina
Aduu dachaa biliyoona
kudhan) of keessaa
qabu. Kuwaasar riphee
jiru ta'u danda'a.

Kuweezaroota hawaa Keessatti

Amma ogeeyyiin urjii gaalaaksiawan
hundi boolla gurraacha baay'ee
guddaa ta'e akka qaban yaadu.
Gaalaaksiawan tarii yeroo
'hibernation' sadarkaa 'sochii' cimaa
boolli gurraachaan dhimma garmalee
itti dhihoo darbu nyaatu gidduutti
wal jijiiruun hin oolan.

Kaataloogoonni kuwaasaar amma
jiran argannoo optikaalaa irratti kan
hundaa'an gara wantoota
300,000 of keessaa qabu. Garuu
duruu kaadhimamaa miliyoonaan
lakkaa'aman mirkaneessa eegaa
jiranii fi kanneen biroo hedduun
qorannoongara fuula duraatti
taasifamu qabatanii dhufu.

Kuwaasaroonni uumamaan baay'ee
ifa waan qabaniif, ispeektaroonni
isaanii dhimmicha hanga qarqara
Hawaatti qorachuuf nu
dandeessisu.



Battallee



Nanna'aan kun
maal fa'a ?



Deebiin Dugda duuba
jira.



Fakkii HST galaaksii NGC
1277 kan boolla gurraacha
garmalee guddaa ta'e of
keessaa qabu

Baattuu duwwaa
ta'e keessatti
naanna'aa

Artistiin tokko
naannoo boolla
gurraacha guddaa
NGC 3783
keessatti argamu
akkamitti akka
yaadu.

Beeddee gaasii
qabbanaa'aa
fi binbinsaa -awwaaraa
boolla callabboo
wirtuu
gaalaaksii NGC4261
HST dhaan kan
ilaalame

Fakkiin HST galaaksii
NGC 7049 kan
daandii dafqa
geengoo ta'e
agarsiisu

Hawaan kiisii koo keessaa Lakk. 6

Kitaabni xiqqaan kun bara 2016tti Grazyna Stasińska kan Paris Observatory (Faransaay) tin kan barreeffame yoo ta'u, Stan Kurtz kan UNAM Radio Astronomy Institute Morelia (Mexico) tin immoo kan fooyya'edha.

Fakkii haguuggii: fakkii walmakaa galaaksii guddaa eeliiptikaalaa NGC 5532 (Cuqlisan agarsiifame) fi furgugifamtoota(jet) madda raadiyoo 3C296 (diimaan kan agarsiifame). Kaartaan raadiyoo kun kan uumame Very Large Array of radio telescopes kan jedhamuuni. Suuraaleen biroo kitaaba xiqqaan kana keessatti argaman HST, CXC, SAO, Spitzer fi UKIRT irraa kan fudhatamanidha.



Waa'ee mata duree kanaa fi
waa'ee mata dureewwan
kitaaba xiqqaan kana keessatti
dhiyaatan caalaatti baruuf,
maaloo <http://www.tuimp.org>
daawwadhaa